HOJJACHISTOOTA/MINDEESISTOOTA: AKKAATAA NAANNOO HOJII COVID IRRAA BILISA TA'E ITTI UUMMAMU



Hojjachiisttonni/Mindeesisttoonni bakkee hojiitti balaa COVID-19 xiqqeessuu irrattii itti gaafatamummaa qabu. Daldaalttonni hojjattoota isaanii tiif maamiltoota COVID-19 irraa eeguuf ga'ee heddu barbaachisaa ta'e qabu.

HOJJATAAN COVID-19 QABAACHUUN ISAA KAN MIRKANA'EE YKN KAN SHAKKAMU YOO TA'E MAAL GOCHUU AKKA QABDAN

- Hojjattoonni yoo mallattoowwan COVID iin walfakkaatan qabaatan, akka qoratamanuu fi hojii irraa akka mana turan jajjabeessaa.
- Hojjattoonn COVID-19f qoratamanii pozatiivii yoo ta'an ykn nama vaayirasicha qabu biratti yoo saaxilaman, seerri hojjachiisttoni/mindeesistoonni hojjattoonni yeroo dhibee kuufameef ykn yeroo boqonnaa isaanii akka fayyadaman akka taasisan ni gaafata.
- Qabeenyaalee bakkeewwan kanatti argamaniif hojjattoota akeekaa: www.kingcounty.gov/depts/health/covid-19/workers.aspx

Hojjachiisaan kam iyyuu gabaasa yaaddoo fayyaa fi nageenyaa irraa ka'uudhaan hojjataa hojii ariyachuun ykn heetoo ba'uun seeraan ala.

BAKKEE BOQONNAA NAGAMESA AKKAATAA ITTI UUMAMU

Bakkeewwan hojii gubbaa irratti hojjattoonni bashannanuuf deeman faca'insa COVID-19 tiif bakkee balaa guddaa qabu ta'uu ni danda'a. Hojjachiistonni yeroo boqonnaa kana nagayaa hojjattootaa eeguudhaaf sadarkaawwan barbaachisaa ta'a fudhachuu qabu.

- **Bakkeewwan Boqonnaa**: Yoo bakkeen argama ta'e, hojjattoonni boqonnaa manan alatti akka fudhatan jajjabeessaa, ykn kutaawwan dabalataa kan qilleensi haala gaariidhaan keessa daddarbu keessatti hojjattoonni boqonnaa akka fudhatan eeyyamaafii.
- **Dandeettii:** Hamma qabachu kutaa boqonnaa parsantii 50 ol akka hin taanee daangeessa.
- **Yeroo boqonnaa:** Garee hojjattootaa walitti qabaman xiqqeessuuf yeroo boqonnaa dabaree dabarredhaan taasisaa.
- **Fageenya Hawaassummaa:** Hojjattoonni yeroo hunda, yeroo boqonnaa dabalatee yoo xiqqaate ejjata 6 walirraa fagaachuu qabu. Xarapheezaa fi barcuma walirraa fafaggeesitanii yoo keessan hojjattoonni yeroo taa'an yoo xiqqaate ejjata 6 wal irraa ni fagaatu(baakken yoo dabalame filatamaadha).
- **Qilleensaa Hafarsuu:** Daddarbina vaayirasii qilleensa irraa ka'u xiqqeessuf, ogeeyissoota HVAC waliin mariyachuudhaan, sadarkaawwan bakkee hojiitti qilleensaa Hafarsuu foyyeessuudhaaf fudhatamuu malan, ilaalcha keessa galchaa.
- **Haguuggee fuulaa fayyadamuu:** Yeroo nyaataa fi dhugaatiin alatti hojjattoonni haguuggee akka fayyadaman yaadachiisaa.
- **Mallattoowwan:** Hojjattoonni haguuggee fuulaa akka kaawwatan, fageenya qaama akka eeganuuf, harka isaanii dafanii dafanii akk dhiqatanuuf, Fayyummaa isaanii akka hordofanuuf mallattoo yaadachiisu kaa'uu.

QABEENYAAWWAN NAANNOO HOJII NAGAMESA QABU UUMUU ILAALLATUF, KINGCOUNTY.GOV/COVID/BUSINESS-TOOLKIT DO'ADHAA (ENGLISH ONLY)

January 12, 2021

Public Health
Seattle & King County